WANTOOTA ISIN BARUU QABDAN WAA’EE QORUMSA COVID-19 ILAALCHISEE

1 AKKAMITTI IFLAALAN/ AKKAMITTI LAALLAMAN?

Yoo mallattoo COVID-19 qabaatte ykn nama COVID-19 qabuu bira dhayxe, iflaalu/ laallamuu/ qabda. Namoonni iflaalu/ laallamuu/ barbaadan jalqaba haakima isaaniti qunnamu/dubbisuudha/.

HAAKIMA DHAQI

Namoonnii qaaman ykn bilbilaan mallatoota COVID-19 tiif haakima isaanitiin gamaagamaman. Qajeelfama Damee Fayyaa Naanno Washingtan hundaayee, haakimni qorrannoon/laalamuun yoo barbaachisaa ta’e murteessa.

DHANGALA’AN FUNYANII NI FUDHAMA

Yoo dhabbatni fayyaa sun qorumsi COVID-19 ni barbaachisa jedhe murteesse, dhabbatichi dhangala’a funyaanii ni fudhaa yookiin akkaataa itti ofin fudhamu dhukkubsataati agarsiisa.



DHANGALA’AAN SUN GARA LAABORAATORIITI ERGAMAA

Wanti dhangala’a sana baatu dhangala’a Sanaa waliin gara laboratoriiti ergamuun ilaalama.

DEEBIIN QORUMSICHA GARA DHUKKUBSATAATI ERGAMA

Yoo deebiin qorumsicha poozativii ta’ee, deebiin qorumsicha gara Public Health — Seattle & King County (Dhaabbataa fayyaa hawaasati Seetil fi kingii kawuunti) ergamaa

2 AKKAMITI IFLAALUU/QORANNOO ARGACHUU DANDA’A??

Namni kamuu kan mallattoo COVID-19 qabu ykn nama COVID-19 qabuu dhiyeenyatti walquname/bira dhaqe/ daddafiin laallamuu qaba /yoosuu qoratamuu/ qaba. Akkaatan ittiin qorannoo argattu eenyummaa keerratti hundaaya. Gareen dursa argatan, kan akka dura deebistoota,ogeeyyii fayyaa fi warren iddoo jireenya tuuta keessa kan akka mana yeroo (shelter) fi dhabatoota yeroo dheeradhaaf itti waldhaanamanii, uummata baldhaan addatti sababa haalan saaxilamoo wanna ta’aniif qorannoof dhiyaachuf karaa addaa warra qaban

NAMOOTA MURTEESSO

Namootni murteessoon kanneen akka, Poolisii fi namoota deeggarsa yaala hatattamaa kennaan, namootni akkasii dhaabbataa eegumsa fayyaa isaaniif dhiheessu haasofsiisu qabuu yoo mallattoowwan COVID-19 agarsiisan. Haalli qorumsa addaan ni mijeefamaafi akka isaan dafanii yeroon hojiitti deebi’aniif.



HOJJETOOTA FAYYAA

Hojjetootni fayyaa yoo dhukkubsatan hojjetoota fayyaa adda biraati yookiin dhaabbataa tajaajila fayyaa isaaniif dhiheessu haasofsiisu qabu yoo mallattoo COVID-19 agarsiisan, isaaniis akkaataa isaan itti qorumsa argatan ni mijeessufi.

NAMOOTA BAKKA HIN MIJANNE HOJJETAN YOOKIIN JIRAATAN

Namootni bakka balaaf saaxilaama ta’ee jiraatan, kanneen akka bakka yaaliin fayyaa guutuun hin jire yookiin namoota mana jireenya hin qabne, namoota muuxannoo fayyaa kanneen mallattoo COVID-19 qaban gargaaru fi deggaruu danda’an qaban.

NAMOOTA DHUKUBSATAN

Gareewwan kana keessaa tokko jala yoo ka hingalle taate ykn tokko yoo ta’uu baatte, mallattoo COVID-19 qabaatte ykn nama COVID-19 qabu bira dhayxe/ dhiyeenyatti walqunamte/,maaloo haakima kee bira bilbilii. Otuma haakimni keessan qorannoo gaggeessuullee baatee, mallattoowan keessan isin wajjin mariyaachuuf qorannoof kunuunsa akka argattan isin gargaaruu danda’u.

Odeeffannoon suuraa kun gaafa Caamsaa 12,2020ti haaromfame/harowefame/. Odeeffannoon jijjiiramu ni danda’a. Odeeffannoo dabalataatif maaloo marsaa intarneetii COVID ilaala: https://kingcounty.gov/covid/oromo.

Yoo waa’ee COVID-19 gaaffii qabatan kanneen afaan hiikaan ni jiru kutaa bilbilaa King County Coronavirus. Yoo namaa afaan isiniif hiikuu gaffachuu barbadan, gara 206-477-3977 bilbila.

Public Health
Seattle & King County